

# EEGANNOO HANDAARA GALAANAAA AFAN OROMO



QUEENSLAND

Surf lifesavers and lifeguards prominently display flags and warning signs to indicate the safest areas to swim for the beach going public.

Baraartonna lubbuu daaktota galaana irraa fi tiksoota balaa (lifeguards) ummata gara handaara galaanaa deemaniif naannoo nageenya qabu hubachiisuuf alaabaa fi mallattoo akeekkachiisaa ni fannisu.

The easy way to stay safe at the beach is to remember the 'FLAGS' message

KARAA SAPHLAAN HANDAARA GALAANA IRRA NAGEENYA EEGACHUUF ERGAA ALAABICHAA YAADACHUUDHAANI.

## F

Find the flags and swim between them

**FIND ALAABICHA BARBAADII GIDDUU ISAANII DAAKI**

Alaabotni diimaa fi keelloon bakka baraartota nageenya galaanaa fi lubbu baraartotaan eegamaa jiru tahuu mul'isa. Handaara galaana sana irra daakuuf bakka naggaa tahuu isaa agarsiisan.

## L

Look at and read the safety signs

**LOOK MALLATTOO EEGANNOO LAALI, DUBBISI**

Mallattoon eeggannoo wanneen balaa qabaachuu danda'an kan ibsuu fi haallan guyyuu handaara galaanaa kan ibsanii dha. Mallattooleen kun karaa itti handaara galaanaatti bahamuu fi bakka alaabaan jiranitti argamu. Osoo bishaanicha hin seenin dursii qalbisaan akka gaariitti dubbisi.

## A

Ask a lifesaver or lifeguard for some good safety advice

**ASK BARAARTOTA LUBBUU YOKAN TIKSOOTA BALAA GORSA EEGANNOO GAAFADHU**

Haalli daakaa (gadi fageenyi galaanaa, dhahaan bishaanii, guddinni fi bal'inni danbalii) daddaffiidhaan jijjiiramuu danda'a. Osoo bishaanicha hin seenin dursii baraartota lubbuu yokan tiksoota balaatti dubbadhu.

## G

Go swimming with a friend

**GO BAKKA DAAKAA NAMA BEEKTU WALIIN DEEMI**

Nageenya walii eeguu fi yoo barbaachise gargaarsa waliif godhuuf yeroo hunda nama beektu waliin bishaan daaki. Ijoollotni yeroo hunda nama guddaa dhaan eegamuu qaban.

## S

Stick your hand up for help

**STICK GARGAARSAAF HARKA KEE OL QABI**

Yoo bishaan keessatti rakkoon si argate hin nahin. Harka kee ol kaasi, gargaarsaaf mallattoo agarsiisi, bishaan irra danbali'ii, gargaarsa eeggadhu. Gara dhahaa bishaanichaatti danbal'i yokan daaki. Faallaa isaa hin yaalin, hin daakin.



**YEROO HUNDA ALAABAA DIIMAA  
FI KEELLOO GIDDUU DAAKI**



ALWAYS SWIM BETWEEN THE RED AND YELLOW FLAGS

# EEGANNOO HANDAARA GALAANAAA AFAN OROMO



QUEENSLAND



Red and Yellow Flags

**ALAABAA DIIMAA FI KEELLOO.**  
Naannoo daakuuf danda'amu kan baraartota lubbuu fi tiksoota balaan eegamaa tahuu agarsiisa.



Yellow Flag

**ALAABAA KEELLOO.**  
Akeekkachiisa – Haalichi balaa qabaachuu ibsa , haa tahu malee daakuun akka danda'amu agarsiisa.



Red Flag

**ALAABAA DIIMAA.**  
Bala – Bishaan hin seenin.  
Yeroo alaabaa diimaan agarsiisamu (mul'isamu) bishaan daakuun cufamuu agarsiisa.



Red and White Quartered Flag

**ALAABAA AFRACHI (QUARTERED) DIIMAA FI ADII.**  
Baraarii Bala (Emergency Evacuation) – Daddaffiin bishaan keessaa bahi.  
Alaabaan kun balaan jiraachuu isaa ibsuu fi akka namootni bishaan keessaa bahaniif malakata afuufuudhaan agarsiisama. Yeroo hedduu baraartotni lubbuu fi tiksootni balaa namoota baraaruu yokan bineensotni galaana keessaa balaa dhaqqabsiisan yoo mul'atan ni birmatu.



Black and White Flag

**ALAABAA GURRAACHAA FI ADII.**  
Naannoo bidiruudhaan daakamu – Bidirudhaan kanneen daakan naannoo alaabaan diimaa fi keelloon mul'isamee jiru irraa of eeguu qaban.



Dangerous currents

**DHAHAA BISHAANII HAMAA**  
Dhaaa bishaanii hamaatu jira



Bluebottles

**QABEE BIF-SAMII (BLUE BOTTLES)**  
Qabee bif-samiin ni jira



Marine stingers

**BINEEYYII GALAANAA CINIINTOTA**  
Ciniintotni galaanaa bishaan keessaa balaa fidan ni jiran.



High surf

**TUUJJUBA GUDDAA (HIGH SURF)**  
Daakaa bal'aa fi balaa kan qabu yokan danbalii gadi fagoo miidhaa geessisuu danda'utu jira



Crocodiles

**NAACHOTA**  
Naachi (naachotni) naannootti mul'atanii jiran



No swimming

**HIN DAAKIN**



Sharks

**MUREESSA (SHARKS)**  
Mureessi naannootti mul'atanii jiran



Always swim between the red and yellow flags

**YEROO HUNDA ALAABAA DIIMAA FI KEELLOO GIDDUU DAAKI**